Journal of Universal Sciences and Technology,
Vol: 1 (2). P: 50-80, December 2022
Available online: http://just.dadu.edu.et
Research Article

Haalleen Taphni ijoollee Oromoo Maccaa keessaatti Taphatamu

Hundumaa Dabalii[1], Tadesse Jaleta[2], Waktola Wakjira[3]

[1]Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu, Yuunivarsitii Wallaggaa, Ethiopia.
E-mail: hundumao@gmail.com
[2]Associate Professor, Addis Ababa University, Ethiopia.
E-mail: tadesse.jaleta2016@gmail.com
[3]Assistant Professor, Wallagga University, Ethiopia.
E-mail: waktolawakjira@gmail.com

AXAREERA

Adeemsa jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti haalleenifi taatewwan adda addaa ni uumamu. Kunimmoo raawwiilee raawwatamaniifi hariiroowwan adda addaa akka jiraataniif sababa ta'u. Ijoolleenis akka qaama hawaasaatti jiruufi jireenyaa jiraatan keessatti haalleen adda addaa keessa seenuu. Waraqaan kunis ijoolleen Oromoo Maccaa haalleen jiruufi jireenyaa guyyuu keessatti isaan mudatu yookaan keessa seenan akkamitti taphaaf akka mijeeffataniifi isaan kunis ofiisaaniitiin akkamitti taphoota isaan taphataniif ka'umsa yookaan sababa akka ta'an qorachuurratti xiyyeeffata. Qorannoon kun yaadxina tajaajilaa, yaaxina galumsaafi yaadxina ijaarsa hawaasummaa bu'uureffatee adeemsifame. Ragaaleen qorannichas aanaalee Giddaa Ayyaanaa, Gachii, Najjoo, Waayyuu Tuqaafi Jimmaa Gannatiitii ijoollee, maatii ijoolleefi barsiisotarraa sassaabame. Ragaaleen qorannichaa ijoolleerraa bakka hojii adda addaa hojjetanitti, bakkeen taphaa adda addaattifi yeroo ga'eeyyii waliin dabarsanitti sassaabaman. Kunis daawwannaa, afgaaffiifi marii garee hirmaachisaatiini. Xinxaalliin ragaalee qorannichaas Oromoo Maccaa keessatti taphoonni ijoollee walitti dhufeenya ijoolleen walii isaanii wajjin taasisan, ga'eeyyiifi hojii keessatti taasisan keessatti akka taphataman agarsiisan.

Jechoota ijoo: *haala, ijoollee, tapha, hariiroo*

How to cite: *Hundumaa Dabalii, Tadesse Jaleta, Waktola Wakjira (2022). Haalleen Taphni ijoollee Oromoo Maccaa keessaatti Taphatamu. Journ. Univer. Scien & Techn.. Vol:2(1). P: 50-80.*

SEENSA

Fooklooriin ijoollees ta'e ijoollummaan ijoo qorannoo kan ta'e yeroo as dhihoo keessa akka ta'e ibsama. Jalqabbiin qorannoo fookloorii ijoollee jaarraa 19ffaa keessa yemmuu ta'u, ijoollummaan immoo jalqaba 1960ootaati (Tucker, 2008; Tucker, 2012). Jaarraa 19ffaa keessa qotee bultootaatiin ala yeroo jalqabaaf gareewwaan qorannoon fookloorii xiyyeeffate keessaa ijoollee isaan tokko ta'an. Qorannoon ijoollee yeroo sanaa

moodela Darwin fuuleffata. Moodelli kun ijoollummaa akka sadarkaa guddinaa gadaanaa, guutuu hinta'inii, hinqaroominiifi akka sadarkaa qophii gara qaroominaatti ilaala. Akka kanaan ijoollummaan ofiisaatiin hiika kan hinqabneefi akka waan hoomayyuu hintaaneetti gad buufamee kan ilaalamuufi aadaa durii tursiisuuf akka ooluutti fudhatama (Mechling, 1996; Tucker, 2012).

Yaadrimee ijoollummaa haala hunda keessatti bifa tokkoon ilaalamuu akka hinqabne hubatamaa kan dhufe garuu booda keessa. Akkaataa itti ijoolleen ibsaman keessaa daangaan umrii isa tokko. Ulaagaan umrii eenyummaa ijoolleefi guddinaan sadarkaa akkamirra akka jiraniifi bilchina hangam akka qaban kan agarsiisuudha (Plastow, 2015). Umriin ijoollummaan itti daanga'u kun seeraan murtaa'a. Akka waliigaltee Yaa'ii Mirga Daa'imaanii keeyyatni 1tti (*The Convention on the Rights of the Child (Article 1)*) ijoolleen ilma namaa umrii 18 gaditti argaman hunda hammata. Haaluma walfakkaatuun UNHCR s, ijoolleen namoota umrii 18 gadi jiraniidha jedha. Koreen Qaxxamura Diimaa Addunyaa (*the International Committee of the Red Cross defines*) immoo ijoollee ga'eeyyiirraa addatti warreen umrii 15 gad jiraniidha jedha. Fooramiin imaammata daa'imman Afriikaas (*The African Child Policy Forum (ACPF) (2013*)) hiikaa biyyootni Afriikaa Itoophiyaa dabalatee, daa'immaniif kennan kaa'eera. Haaluma kanaan, irra caalaan isaanii daa'imman namoota umrii 18 gadii jechuun akka kaa'an ibsa.

Ulaagaa umriirratti hundaa'uun hiika waliigalaa kennuun kun haalaafi muuxannoo ijoollee ilaalcha keessa waan hingalchineef rakkoo qabaata (Norozi & Moen, 2016). Rakkoolee inni qabu keessaa tokko, ijoolleen hundumtuu umrii walfakkaataarratti guddina qaamaa, hawaasummaafi xiinsammuu walfakkaataa kan hinagarsiifne ta'uudha. Guddinni ijoollee umriirratti utuu hintaane, dhiibbaawwan kan biroo warreen akka, haalleen naannoo, hawaasummaafi aadaarrattis waan hundaa'uuf (Norozi & Moen, 2016), akka hanquutti ilaalamuun mormama.

Ilaalchi Yaadrimee ijoolleefi ijoollummaa waliin walqabatee jiru kan biraan isa gama xiinsammuun jiruudha. Kunis ijoolleefi ijoollummaa dagaagina/guddina ijoollee waliin walqabsiisee kan dhiheessuudha (Prout & James, 1997*).* Kunis, ijoowwaan sadii: adeemsa uumamaa (naturality), sababa qabeessummaa (rationality)fi hunda galeessummmaa (universality) irraatti fuuleffata. Yaadrimeen dagaaginaa

(development), ijoollummaa/ bilchinarra ga'uu dhabuu (immaturity) isa adeemsa uumamaa keessaa tokko ta'eefi bu'aasaa kan ta'e hirkattummaa ijoollummaa walitti fidee kan ilaaluudha. Akka hubannoo kanaattii, daa'imni adeemsa guddina uumaamaa (natural growth) keessa darbuun ga'eessummaarra ga'a. Ga'eeyyiin immoo adeemsa guddinaa keessatti ijoollee kunuunsuun, gorsuun, deggeruun ijoolluummaa fixatanii ga'eessa akka ta'aniif gargaaru. Moodellii dagaagina daa'imaa kun, adeemsa guddina uumamaafi hawaasaa walitti kan fidu ta'ee raawwilee ijoollee kanneen akka: fayyadama afaanii, taphafi hariiroo akka agarsiistuu jijjiirama adeemsa guddina keessaatti ilaala (Prout & James, 1997). Jireenya hawaasummaa ijoolleefi fooyya'iinsa haala hawaasummaa keessatti ijoolleen qabaataniif garuu xiyyeeffannoon hinkennamu.

Kallatii qorannoo fooklooriitiin immoo ijoolleen akka gartuu aadaa tokkootti ilaalamu. Ijoollummaanimmoo aadaa yookaan barsiifata gartuu ijoollee jedhamuun kan waliin walqabatuudha. Qorattootni fookloorii barnoota alidilee hiriyyootarraa bifa aadaan argamu fookloorii ijoollee (children's folklore), qo'annoo ijoollee (children's lore) yookaan qo'annoo daa'imaa (childlore) jedhanii waamu. Fooklooriin ijoollee ijoolleen kalaqamee kan ijoolleen waliin qooddatan yookaan gargaaramaniidha. Kanarraa karaa adda ta'een ga'eeyyiinis ijoolleef fookloorii qopheessuu nidanda'u. Kunimmoo fookloorii ijoolleef ta'u/qophaa'eedha.

Fookloriin ijoollee fookloorii gartuulee umrii murtaa'aa keessa jiran ta'uu eeruun, Cieślikowsk, (2019) ga'eeyyii waliin jiraachuun naannoo jireenyaa, haala hawaasummafi, miseensota ogummaa adda addaa qaban waliin walitti dhufeenyaa waan qabaataniif ga'eeyyiirraa mala, duudhaafi afaan irraa fudhatu jedha. Cieślikowsk, (2019) yaada Tucker, (2008) fookloorii ijoolleefi fookloorii ijoolleef ga'eeyyiin qophaa'e jettee kaastetti dabalataan ijoolleen hariiroo ga'eeyyii waliin qabaatan keessatti waan ga'eeyyiirraa fudhatanii akka fooyyeeffatan ibsa.

Kunis ga'eessummaan ijoollummaarraan dhiibbaa kan geessisuu ta'uu kan agarsiisu yoo ta'eyyuu, ijoolleen karaa ofiisaaniitiin wanta ga'eeyyiirraa dhufu fayyadamanii fookloorii isaanii fooyyessuu/jijjiiruuf dhimma itti ba'u. Dhimmuma kana Sims fi Stephens (2011) fooklooriisaanii keessatti ijoolleen muuxannoo taphaa walfakkaataa akka waliin qooddatan kaa'u. Taphni guyyuu isaan taphatan qaama

eenyummaa isaan akka gareetti qabaniidha. Kanaaf, ga'eeyyiin tapha/fookloorii ijoollee keessatti hirmaachuun waan gumaachaan qabaachuun akka Cieślikowsk jedhutti fookloorii akaakuu sadaffaan ijoolleefi ga'eeyyiin uumamuufi abbummaansaa qixxee ta'e akka jiraatu kan taasisu utuu hintaane, ijoolleen fookloorii ijoollee ofiisaanii keessatti dhiibbaa ga'eeyyiirraa dhufu tarsiimoo ofiisaanii fayyadamuun akka mo'ataniidha.

Fooklooriin ijoollee Afrikaa kan warra dhihaa wajjin walbira qabamee yemmuu ilaalamu baay'ee kan hinqorataminiifi kanneen hojjetaman muraasinimmoo fookloorii ijoollee jaarmiyaa hawaasummaa aadaafi duudhaa hawaasaa tursuuf fayyadan taasisanii kallattii tajaajilaan kanneen ilaalaniidha (Bronner 1988; Tucker 2008 fi Tadesse, 2013). Akka ilaalcha kanaatti, fooklooriin ijoollee Afrikaa afaaniin kan daddarbu, maatiirraa yookaa ga'eeyyiirraa ijoolleetti kan ce'uufi ijoollee yeroo hunda dhaaltota aadaafi duudhaati. Ilaalchi kun yaadxiina fayyadamummaa (functionalist theory) isa fookloorii gooroowwan, qabiyyeefi tajaajilaan qofa ilaaluutti fuuleffaterraa kan maddeedha. Kunimmoo, hirmaannaa ijoolleen kalaqqii, hojiirra oolmaa yookaan raawwiifi lufiinsa fookloorii keessatti qaban kan dagatee ta'uusaa agarsiisa.

Gama kaaniin immoo hojiilee kallattii warra ijaarsa haala hawaasummaatiin (social constructionists) jiran, tajaajilamuutti dabalataan ga'ee ijoolleen fookloorii kalaquu/uumuufi fooyyeessuuf qaban ilaaluu akka xiyyeeffatan Tadessen(2013) kaa'eera. Haaluma kanaan, Tadessen (2018), afseenaa himuun (storytelling) wantoota ijoo lama akka of keessa qabu eera. Inni duraa, himuufi dhaggeeffachuu yoo ta'u, inni lammataammoo, haala/galumsa waliin walqabsiisanii mari'achuu, hiikuufi hubachuudha jedha. Kanaaf, ijoolleen tapha yemmuu taphatan haala keessatti taphatanirratti hundaa'uun karaa ofii isaanii taphicha irra deebi'anii bocaa taphatu. Fooklooriin ijoollee Afrikaa qaama jireenya guyyuu jiraatanii ta'uu isaatiin, ijoolleen waliisaaniifi ga'eeyyii wajjiin qooddachuu keessa beekumsa horatu (Finnegan 1967, 2007; Kuyvenhoven, 2007; Eder, 2010 fi Tadesse, 2011, 2014, 2018).

Ga'eeyyiin tapha keessatti hirmaachuufi dhabuun walabummaa ijoolleen taphicha keessatti qabanirraatti dhiibbaa geessisuun haalleen taphaa adda addaa akka jiraatan taasisa. Qajeelfamniifi to'annoon ga'eeyyii xiqqaa yemmuu ta'u ijoolleen

walabummaa guddaa qabaatu. Kanarraan kanka'e ijoolleen tapha taphatan keessatti seera tapha ofiin uumuun taphichi akkaataa seera haaraa uummatan kanaan akka taphatamu godhu (Gosso 2010). Bifuma walfakkaatuun, Chudacoff (2007), fooklooriin ijoollee haalleen afur: naannoo yookaan yoommessa taphaa, meeshaalee taphaa, qooda fudhattootaafi walabummaa taphaa akka of keessaa qabu ibsa. Walabummaan taphaa ijoolleen taphicha taphachuu keessatti walabummaa hammamii qabu? kan jedhu ilaallata. Akka kanaan, ijoolleen qofaa isaanii, hirriyyoota isaanii waliin yookaan maatiifi firoottan isaanii waliin taphachuu danda'u.

Akka Oromoottis yaadrimeen ijoollummaafi ga'een hawaasummaa ijoolleen akka gareetti qaban hariiroo isaan walii isaaniifi ga'eyyii wajjiin qabaniin walqabatee sirna gadaan keessatti tiksama. Akka Asmaroom (1989) kaa'uutti gadaan sirna miseensi yookaan dhalataan Oromoo tokko qindaa'uun tuutota/sadarkaalee walitti fufanii deeman, kan luba jedhamutti, ijaaramee keessa jiraatuudha. Tokkoon tokkoo lubaa immoo gadaa shanan warreen waggaa saddeet saddeetiin aangoo walharkaa fudhatan keessatti miseensa ta'u. Kanaaf namni tokko yeroo hunda miseensa luba tokkoo isa qaama miseensota gadaa shananii keessaa tokkotti miseensa ta'eetti hammatama.

Sadarkaalee gadaa Oromoo keessattis sadarkaaleen dabballee (umrii 0-8)fi gaammee xixxiqqaa yookaan itti makoo (umrii 8-16) sadarkaalee umrii ijoollummaa jedhamuun beekamu. Daballeen sadarkaa daa'imaati. Yeroo daballee keessaa gara sadarkaa itti makoottii darbuun isaa ga'u mataa isaa bishaaniifi aannaniin laffisaanii gaammee hambisanii haadu. Sadarkaa gaammee keessatti mucaan tokko gaammee haaddachuun roggee filata. Kana booda jabbii tiksa; sirba, geerara, bishaan daakuu, farda yaabbachuu barata. Sadarkaa kanatti ayyaana taabores hiriyyoota isaa waliin ni'ayyaaneffata.Yeroo umrii 16 guutu ukkeetu ijaarama. Achitti haati mucaa coqorsa kichuu miillaa isaatti irreeffattee, bixxillee sagal caccabsitee irreessarra keessee; itittuufi aannan dhibaafattee eebbifti. Haaluma kanaan, erga haati eebbiftee sirbi eegalama. Innis, sirbuu kana keessa godoo cabsee karaa boroo keessaa ba'a. Yeroo kana ijoolleen maaliif godoo keenya cabsee keessaa ba'e jedhanii dhaanuuf itti fiigu ijoolleen. Innis arreedee harkaa ba'a; ukkee cabsees jedhama. Ijoollummaa keessaa ba'e jechuudha (Dirribii, 2009). Kanaaf, qorannoon kun ijoolleen Oromoo Maccaa, sadarkaalee

kana lamaan keessatti (umrii 16 gaditti) warreen argaman, walitti dhufeenya waliisaanii wajjin taasisan keessatti, qooda jireenyaa ga'eeyyiin kennaniif yemmuu raawwataniifi hariiroo ga'eeyyii waliin qabaatan keessatti haalota taphaa uumaman ilaaluurratti xiyyeeffate.

MALLEENIIFI MEESHAALEE QORANNICHAA

Qorannichi gosaan sanyaabsaa ta'ee dhihaannaa akkamtaa kan hojjetameedha. Haaluma kanaan, dirree qorannoo keessatti hawaasa waliin turtii taasisuun (ji'a saddeet) taphoota ijoolleen haala qabatamaa, bakkeeniifi yeroo adda addaa keessatti taphatanirraa ragaa sassaabachuun hubachuun kan hojjetameedha. Kana milkeessuuf ijoolleefi maatiisaanii waliin walitti dhufeenya uumuufi taphoota taphataman keessoon (insider perspective) hubachuuf daawwachuufi gaaffii kaasuun ragaalee argaman walitti fiduun xiinxalamee jira.

Ragaaleen qorannichaaf barbaachisan kan argaman madda ragaa tokkoffaarraa yommuu tahu. Isaanis, ijoolleefi ga'eeyyii/ maatiin ijoollee horanii guddisaniidha. Haaluma kanaan tokkoo tokkoo aanaalee akka bakka ragaa sassaabbii ijootti fayyadame sadii (Giddaa Ayyaanaa, Gachiifi Najjoo) keessaa maatiiwwan ja'a ja'a, warreen ragaa dabalataafi guutiinsaa keessaa sassaabe lamaan (Jimmaa Gannatiifi Waayyuu Tuqaa) keessaammoo maatiiwwan lama lama waliigalaan maatiiwwan 22 filachuun galgala galgalaafi yeroo boqonnaa tapha ijoolleen ga'eeyyii waliin taphatan daawwachuun ragaa irraa sassaabbadheen jira. Aanaalee shanan keessaa ijoollee 196 (shamarranni72, dhiira 124) irraa ragaa bakkeen taphaa adda addaa keessatti sassaabbadheen jira. Iddatoowwaan qorannichaaf ragaa kennan tooftaalee iddattessuu akkayyoofi darbaa dabarsaatiin filatamanii jiru. Tooftaa akkaayyootiin bakkeen ragaan irraa sassaabame, ijoolleefi maatiin ijoollee kan filataman yoo ta'u darbaa dabarsaan immoo namoota/ga'eeyyii tapha ijoolleerratti beekumsa cimaa qabantu filatame.

Tooftaaleen sassaabbii ragaalee qorannichaa daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataadha. Daawwaannaan akka tooftaa ijoo dhimma itti ba'ameera. Tapha ijoollee galgala galgala bakka ga'eeyyii jiranitti taphaniifi bakkeen hojiifi taphaa adda addaatti taphatan daawwatameera. Daawwannaa kana keessaatti waantoota ifa naa hintaanefi hubannoo/ragaa dabalataa itti barbaadu argachuu afgaaffii gargaarameera. Kana malees, ilaalcha, fedhii, hubannoo ijoolleefi ga'eeyyii tapharrattii qabaniifi

walitti dhufeenyaa isaan waliin taasisan afgaaffiinin iyyaafadhe. Bifa waliigalaan haalleen taphaafi sababa ta'an yookaan taphni keessatti adeemsifamufi tapha daangessarratti ragaalee ga'eeyyiirraan marii garee xiyyeeffatan sassaabadhe.

Ragaalee tooftaalee adda addaan sassaabachuu keessatti malleen galmeessa ragaalee: yaadannoo dirree, waraabbii sagalee, suursagaleefi suuraa kaasuutti dhimma ba'eera. Ragaaleen bifa kanaan galmeeffadhe yaadxina bu'uureffataarratti hundaa'uunin xiinxale. Haaluma kanaan, ragaalee dirree keessaa yemmuun sassaabu ragaalee sana bifa sagalee, suursagaleefi suuraaleen fudhachuutti dabalataan, hubannoo, ibsaafi haala yeroo sana argaman bifa yaadannoo dirreetiin barreessaan deeme. Ragaalee guyyaa yookaan galgala tokko bifa sagalee, suursagalee yookaan suuraaleen fudhataman utuun hintursine guyyuma sana barreeffamatti deebisa. Kunis wantoota dubbatamaniifi gochaa mul'ata barreeffamatti deebisuu dabalata. Adeemsa kana keessatti haalleen dabalataa yaadannoo dirreerratti qabadhes walbira qabeen ittiin jabeessaa deeme. Kana gochuu keessatti bakka ibsi dabalataa nabarbaachisetti od-himtootarraa yeroo itti aanutti gaafachuun hubannoo fudhachuunin barreessaa deeme.

Taphoota dhedheeroo marsaa adda addaa qaban, seeneffamoota waliin walqabataniifi yeroo haala tokko keessatti taphoonni baay'een taphatamanfaa garuu gaafuma sassaabaman sana barreeffamatti jijjiiramanii hinraawwatan, yeroo dabalataaa na barbaadaniiru. Sagaleefi suursagalee waraabaman irra deddeebiin dhaabaa dhaggeeffachuufi suuraaleefi yaadannoo dirree waliin walbira qabanii ilaaluun hubachuunin barreeffamatti jijjiire.

Barreeffama kanas irra deddeebiin ergan yaadannoo qabachaa dubbisee booda ijoowwan (themes) adda baase. Ijoowwan kana od-himtoota muraasaa waliin mari'achuun sirrummaa isaanii mirkaneesse. Kana booda koodiin itti kenne. Koodii kennamerratti hundaa'uun ijoowwan kanarraammoo yaadrimee adda addaa bu'uuresse. Xumurarratti yaadireewwan kana mata duree adda addaatti qooduun haalleen taphooni ijoollee keessatti taphataman agarsiise.

ARGANNOOFI GOOLABA

Argannoo

Adeemsa jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti haalleenifi taatewwan adda addaa ni uumamu. Kunimmoo raawwiiwwan raawwatamaniifi hariiroowwan adda addaa akka jiraataniif sababa ta'u. Ijoolleenis

akka qaama hawaasaatti jiruufi jireenyaa guyyuu keessatti wanti walfakkaataan isaan mudachuu danda'a. Taphnimmoo ijoolleef hojii ta'uusaatiin, haala kam keessattiyyuu taphachuuf hinrakkatan. Kanaaf haalleen jiruufi jireenyaa guyyuu keessatti isa mudatu hunda taphaaf mijeeffatu. Yookaanimmoo, haalleen sun taphoota isaan taphataniif ka'umsa ta'u.

Haalleen ijoolleen Oromoo Maccaa keessatti taphatan hariiroo waliin isaanii wajjin taasisan, hariiroo ga'eeyyii wajjin taasisaniifi hojii hojjetan keessatti uumamuu danda'u. Kana keessattimmoo, taphuma qofaa taphachuu yookaan taphaafi hojii walfaana deemsisuu danda'u. Hojii ijoolleen keessatti hirmaatan: barachuu, horii tiksu, miidhaan eegu, qoraan funaanu, mana eegufi ergaa ergamu maatii gargaaru fa'i. Fedhii taphachuuf qabanirraa kan ka'e hojii hojjetan kana keessatti tapha fidu. Yeroo hojii hojjetan, yeroo hojiirra hinjirre, qofaa isaanii, waliin isaanii waliiniifi ga'eeyyii waliin nitaphatu.

Walitti Dhufeenya Ijoollee Gidduutti Uumamuu

Ijoolleen maatii keessatti, naannoo jireenyaatti yookaan ollaa walii warri jiran, bakka oolaniifi hojii hojjetanitti walitti dhufeenya uummachuuf hinrakkatan. Yeroo walargan hunda nitaphatu. Kanaaf, manaafi alatti, ga'eeyyii birattiifi qofaa isaaniitti, yeroo hojiifi hojiin alatti walitti dhufeenyi isaan taasisan haalleen taphni keessatti adeemsifamu danda'uudha. Taphoonnii kanaa gadiitti xiinxalamanis haalleen akkasii keessatti warreen taphatamaniidha.

Jibbeekee

Jibbeenkee tapha ijoolleen maatii tokkoo galgala galgala asheetii boqolloo waaddatanii nyaachaa hanga irbaati ga'utti yeroo waarisiisan tapha taphataniidha. Ga'eeyyiinis boqolloo nyaachaa ijoollee waliin kan waarisiisan yoo ta'eyyuu, taa'aanii akka taajjabaatti ilaaluu malee taphicha keessatti hinhirmaatan. Daawwannaa gaafa 13/10/2013 galgala aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuu mana obbo Sirriiqaa Ginnaatti taasiseen jibbeekee ijoolleen maatii sanaa utuu taphatanii daawwadheera. Ijoolleen boqolloo waadamee dhihaatu walfaana waan hinarganneef dabaree eeggatanii argatu. Kan fudhatee harkaa qabu isa of harkaa hinqabnee falfalee harkatti naqaaf. Namni falfalamee kennameef immoo akkuma kennameefiin afaanitti naqatee hinnyaatu. Ija boqolloo sana cimdii cimdii afaan buufachaa nyaata. Afaan buufataa yemmuu nyaatu dhumarra ija lama yookan tokkotu harkarratti hafa. Yoo iji lama

harkarratti hafe “jaalleekoo” jedhee nyaata. Yoo iji tokko harkarratti hafemmoo “jibbeekee fudhadhu” jedhee nama kenneefif deebisee kenna. Walii falfalanii kennaa, fudhatanii lakka’anii nyaatanii haftee qeenxeen yoo hafee nama kenneefif deebisanii kennaa taphatu.

Tapha kana keessatti utuu namni tokko afaan duwwaa taa’uu namni boqolloon kennameefii harkaa qabu akka ofiif qofa hinnyaannetu mul’ata. Kunis arjummaafi balaaleffannaa doqnummaa Oromoo Maccaa isa amantaa “qofa nyaattuun qofaa duuti” jedhu tikfamu kan mirkaneessuudha. Namni isa hinqabne kennus hammam garaa guutuun jaallatee akka kenneef namni fudhatu boqolloo kennameef sana lakka’uun mirkaneeffata. Boqolloon harka isaarratti kan hafu akkuma cimdii cimdiin lakkaa’amaa dhufeen ija lama/cimdii yoo ta’e “garaa guutuu najaallatta; jaalleekoo” jedhee kennaa sana kennaa jaalalaa godhee of biratti hambisa. Yoo lakkoofsa cimdii cimdiin deema dhufe sana faalllessee qeenxee/ija tokko ta’emmoo “garaa guutuu na hinjaallattu; garaa duuba naa laatte, hoo’u fudhu jibbeekee” jedhee deebisee kennaaf. Jibba sirraa hinbarbaadu jaalala malee akka jechuuti. Kanaaf, iji boqolloo dhumarratti harka fudhataarratti haftu boqolloo kennameef sanaafi garaa guutuun yookaan garaa duuba kennamuu agarsiisa jechuudha. Kanaaf, taphni kun haala ijoolleen maatii tokkoo waan nyaachaa jiranin arjummaafi jaalala waliin qoodan madaaluuf taasisan keessatti taphatama.

Qenxee Qeenxee

Oromoo Maccaa keessatti ijoolleen naannoo qe’ee turan itti gaafatamummaa manaafi daa’imman quxusuu isaanii ta’an eeguu qabu. Ijoolleen kun baay’inaan warreen xixiqqoo hojii humnaa hojjechuu hindandeenyeefi shamarrani. Ijoolleen kun mana biratti waliin ta’uun nitaphatu. Ijoolleen mana biratti waliin taphatan kun ijoollee maatii tokkoo yookaan manneen walitti dhihoo jiraatanirraa walitti yaa’aniidha. Ijoolleen haala akkasii keessatti yeroo walitti dhufan taphoota adda addaa taphatu.

Qenxee qeenxeen taphoota ijoollee xixiqqoon naannoo qe’eetti mana eegaa taphatan keessaa isa tokko. Daawwannaa gaafa 10/05/2013 magaalaa Gachii ganda 01 keessatti taasiseen ijoollee naannoo mana jireenyaa isaaniitti tapha qenxee qeenxee waliin taphatan daawwadheera. Ijoolleen ani daawwadhe shan (dhiira lamaafi dubara sadii) yoo ta’an, manneen walitti aanan sadi’rraa walitti dhufan. Ijoolleen kun, dugda harka walii quba lama lamaan qonxooxanii qabaa harka isaanii

irraa jalaan walirratti erga ijaaranii booddee " qenxee qeenxee, qenxee qeenxee, qenxee qeenxee" jechaa oliifi gadi erga takka harka walii raasanii booda "sinbirrrrrrrr gabaan yaate" jedhanii harka isaanii walfaana samiitti olfacaasanii kolfu. Dugda harka nama tokkoo namni tokko quba lamaan yoo qonxooxee qabu, inni kan biraan immoo kan ofii isaatiin dugda harka isa qonxooxee jiruu qonxooxa. Akkasiin shanan isaaniiyyuu harka waljala daddabarsanii harka kudhan qonxooxxan walirratti ijaaranii erga wal dhukkubsanii walraasaa turanii booda "sinbirrrrrrrr gabaan yaate" jedhanii harkasaanii samiitti olfacaasan. Harki olfa'e kun simbirroo walfaana barristutti yoo fakkeeffamu, 'sinbirrrrrr'n sinbirroo dammaqsanii oofuu/ari'uu 'gabaan yaatee'nimmoo walfaana barrisuu isheeti. Ijoolleen ariisaafi girrisa sinbirroo kana gochaafi dubbiin agarsiisu jechuudha. Yeroo harka kana oldarbatanii facaasan suura girrisa sinbirroofi miira sanaan uumamu sammuu keessatti uummatanii u'utaalanii gammadanii kolfu.

As keessatti ijoolleen qonxoxxaa sana obsuun dhukkubbii harka isaan qonxoxurraa itti dhaga'amu harka qonxoxaa jiranitti dabarsanii gammadanii kolfu. Achii boodammoo, isaani keessaa yeroo tokko dhukkubbi sana dadhabee yookaan qonxoxee dhukkubsuuf utuu yaaluu harkisaa laasha'ee harkasaa oldarbachuuf sochii mul'isu hunduu isa faana ariitiin oldarbatu. Harki walfaana oldarbatamu miira girrisuu uumuun isaan dammaqsa. Kanattis akka malee qasaa'anii kolfu. Haala kanaan dhukkubbii obsuu, dhukkubsuu yaaluufi gochaafi dubbiin wanta mul'isan argaa yaadaatti geessuun qaama isaanii jabeessuufi gammachuu uummachuu shaakalu. Kanaaf, walitti dhufeenyi ijoolleen naannoo mana jireenyaatti taasisan haalleenisaan keessatti taphatan keessaa tokko jechuudha.

Dunuu Dunuu

Maatiin yookaan ga'eeyyiin Oromoo Maccaa keessatti ijoollee ergaa ergachuun baramaadha. Ijoolleenis ergamuu hindidan; akka kabaja nama guddaa/ga'eeyyii dhowwachuutti waan ilaalamuuf. Ga'eeyyii kabajuu dhabuunimmoo naamusa dhabuu yookaan safuu cabsuudha. "Guddis baddee" jechisiisa. Mucaan/mucayyoon abaluu "guddis baddeedha" yoo jedhame maatii isaa/isheefis qaaniidha. Kanaaf ijoolleen ergaa yeroo ergaman "tole" jedhanii fiiganii dhaqu. Ga'eeyyiinis yeroo ergan gorora isaanii "tuu" jedhanii lafatti tufanii "utuu kun hinqoorin fiigii; arreedii dhaqii kottu" jedhu.

Ga'eeyyiin ijoolleen ergaa ergaman dafanii raawwatanii akka dhufaniif qofa qofaa erguu barbaadu. Yoo waliin deeman taphatti goranii dafanii deebi'uu didu jedhanii waan yaadaniif. Ijoolleen garuu dhokatanii wal waamanii taphachaa deemu. Dirqama ga'eeyyiin itti kennan ba'achaa hojii ofii (tapha) raawwachuu/taphachuu barbaadu waan ta'eef. Yeroo taphachaa deeman kana dafanii deebi'uun fedhii ga'eeyyii guutuuf nicarraaqu. Ariifatanii/daddafanii deebi'uuf yaalii taasisan tapha dunuu dunuu jedhamu taphachaa deemanirraa nihubatama.

Tapha dunuu dunuu keessatti ijoolleen sodaa isaanii taphatti jijjiiranii hammam ariifatanii deemaa akka jiran bifa taphaatiin walgaafataa deemu. Mucaa/mucaayyoon tokko fuuldura yemmuu deemu/tu kan biraan immoo duubaan gatiitti isaa/isheerra dunuunfatee/ttee mataan gadi ciisee/tee itti rarra'aa deema/ti. Inni/ishee duubaan gatiittii isa/ishee fuulduraatti rarra'ee/atee dunuunfatee/ttee deemu/tu lafa waan hinargineef "dunuu dunuu eessa geenye?" jedhee/ttee gaafata/ti. Inni/ishee fuuduraan ilaalaa deemaa jiru/tummoo "_____(bakka ga'an maqaa dhahuun) geenye" jedha/etti. Haaluma kanaan hanga lafa ergaman ga'anii deebi'anitti bakka waljijjiiranii gaafatanii walii deebisaa deemu.

Yaaddoo/sodaa ga'eeyyiis (akeekkachiisa akka hinturreef kennamuuf) tapha isaaniitiin ilaalcha keessa galchaa deemu. 'Dunuu, dunuu eessa geenye' jedhanii walgaafachuun isaanii sardama karaa fixuutiin bakka itti ergaman ga'anii manatti deebi'uuf qaban agarsiisa. Yeroo inni dunuunfatee jiru akkasiin gaafatee inni argaa jiru bakka ga'an itti himu ammas ariitiin deebisee 'dunuu, dunuu eessa geenye' jedhee karaa sun dafee akka jalaa dhumu bifa hawwuu fakkaatuun gaafata. Inni gaafatamaa tures dabareesaa gaafataa ta'ee aariitii ga'anii deebi'uu waliin qooddatanii, taphaan dafanii waan ergamaniif dhimma baasanii deebi'uu keessatti waleegu. Taphni 'dunuu dunuu' jedhamu taphatamuuf, ijoolleen waliin ta'anii ergaaf yookaan dhimmaa biraaf daandiirra waliin deemuu qabu jechuudha.

Baalaan Gushee

Walitti dhufeenya ijoolleen walii isaaniifi ga'eeyyii waliin taasisan keessatti taateen tasa uumamurraan ka'e taphni taphatamuu danda'a. Fakkeenyaaf ijoolleen utuu ga'eeyyii waliin taa'anii yookaan hojii hojjetanii yookaan waliin isaanii waliin utuu taphatanii namni tokko utuu sagalee hindhageessisin tasa dhuufuu dhuufuu

danda'a. Mucaan/mucayyoon tokko akkasii yoo dhuufe/fte warri kaan fooliisaa dhaga'u. fooliinsaa yoo itti dhufe "dhuufuu, dhuufuu, eenyutu, eenyutu dhufe" jedhanii wacanii taphachuu jalqabu.

Haaluma kanaan bakka taphaa magaalaa Haratoo ganda 01 keessa jirutti, gaafa o1/11/2013 tapha ijoolleen walitti yaa'anii taphatan utuun daawwadhuu hundumti isaanii "dhuufuu, dhuufuu…" jedhanii wacaa kolfuu jalqaban. Achii booda "eenyutu dhuufe, eenyuutu dhuufe?" jedhanii wacaa gaggaafachuu jalqaban. "Ana" namni jedhu dhibnan adda baasuutti seenan. Huuba wayii (marga gogdee) fuudhanii adda walii walii isaaniitti suuquu/qabsiisuuf yaaluu jalqaban. Maaliif akkas gootu? jedhee gaafannaan "nama dhuufe baruufka" naan jedhan hundi isaanii walfaana. Yoo dhuufe akkam ta'a? jedhee gaafannaan, "huubni kun adda isaatti rarra'a" jedhan. Hunda isaanii keessa nama tokkottiyyuu hinqabatin hafe huubichi. Namni dhuufeehoo hinbaramnee akkasumaan dhiistukan jedheen gaafadhe yeroo isaan adda baafachuu dadhaban. "Lakki hindhiisnu yoo abbaansaa of hime malee" naan jedhanii ammas abbaan dhuufe akka of himuuf carraa kan biraa kennaniif. Ammas namni "anatu dhuufe jedhu indhibe". Achii booda "baalaan gushee, baalaan gushee" jechaa quba isaanii hancufaan jiisanii gurra walii diddibuu jalqaban. Maaliif gurra walitti hancufa diddibdu? Jedheen gaafadhe. "Namni dhuufuu dhuufee akka dhuufe yoo dhokse baalaan gushee jennee gurrasaatti hancufa dibna. Namni sababa kanaan hancufni gurrasaatti dibamemmoo gurrasaatu madaa'a yookaan cittoo ta'a" jedhan. "Gurrisaa madaa'ee gaafa arginu akka inni dhuufee dhokse barra. Innimmoo gaafa sanbataa bixxillee tolchee fiduu qaba." jedhan. Adabbii ta'uusaati. Gochi gurra sukkumuu kun akka milkaa'uuf kennata kadhaa fakkaatuun jabeessu

> Abuubbii didibbee
> Hudduu amma dhuuftee qabi yaa ibiddee
> Abuubbii qarbataa
> Ishee amma dhuuftee qabi yaa sanbataa jedhu.

Taphni kun adeemsa waliin jireenyaa keessatti namni tokko waan badaan, waan foolii badaa qabu yookaan hawaasa miidhu dhoksaa yoo hojjetee of dhokse, jalqabarratti akka of saaxilu yookaan badii sana raawwachuusaa himee akka of sirreessu carraan akka kennamuuf agarsiisa. Yoo of himee badiisaarraa deebi'uuf fedhii agarsiisuu didee hawaasni tooftaa ofiisaatiin adda baasuuf akka deemuuf kunis yoo hinmilkoofne, humna isaanii ol waan ta'eef ayyantummaan

furuuf akka hojjetan agarsiisa. Nama didee of dhokse kana “nuu qabi” jedhanii akka duudhaa jiruutti (baalaan gushee jechaa hancufa gurratti wal tuttufanii) ayyaanota “ibiddeefi sanbata” jedhamanitti kennata kennatu. Ayyaanni isaan itti himatan kun mallattoo wayii (madaa gurraatti) itti baasuun adda baasaaf. Erga adda baafamee booda, badii hawaasa kanarratti raawwateef namni kun bifa adabbiin kisii baasa, bixxillee tolchee fidee nyaachisa.

Ijoolleen tapha kanarraa safuu hawaasaa cabsuun yookaan miseensota hawaasa ofirraan dhoksaan miidha geessisuufi badii qaqabsiisaniif ofkaltii gaafachuu dhiisuun adabbii gama qaamaafi qabeenyaa akka qaqqabsiisuu baratu. Kanaaf, taphootni akka ‘Baalaan Bushee’faa adeemsa ijoolleen walitti dhufeenya waliin taasisan keessatti wanta dhoksaan raawwateefi miidhaa geessisu haala waliin ta’anii adda baasuuf deeman keessatti taphatamu jechuudha.

Yaa Sinbirroo

Walitti dhufeenya taasisan keessatti waan harkaa qaban ijoollee jalaa bu’ee argamuu diduu yookaan baduu danda’a. Wanta bade kana arguuf ijoollee bifa taphaan waliin barbaadu. Wanti bu’e sun lafarra konkolaatee jala dhokachuu yookaan fagaachuu waan danda’uuf kallattii wantichi jiru nu agarsiisuu danda’a jedhanii gocha amanan raawwachaa bifa taphaan sirriitti barbaadu. Daawwannaa tapha ijoollee aanaa Gachii ganda Golee Qorraa bakka midhaan eeguuttii gaafa 04/06/2013 taasiseen, utuu taphatanii saantimni(qarshii tokkoo) Mucaa Abdoo jedhamu jalaa marga keessa bu’ee badnaan waliin yeroo barbaadan daawwadheera. Saantimichi marga keessa bu’uu malee bakkanni bu’e namni arge hinjiru. Ijoolleen hunduun saantimicha arguun bakka Abdoo dhaabbatee jiru gadi tata’anii barbaaduu jalqaban. Arguu dhabnaan, Abdoon “turaa, turaa, obsaa” jedhee lafa taa’ee barbaadaa jiruu olka’ee barruu harkasaa bitaa diriirsee walakkaasaatti hancufa tufe. Itti aansuun quba akeektuusaa isa mirgaan gara hancufa harkasaarratti tufeetti rukutuu agamee akka kanaa gadii jedhe.

Yaa sinbirroo yaa sinbirroo
Ala abbaan manaakee du’anuu
Mataa si haadee dhadhaa sidibaa
saantimakoo naa mul’isi.

Erga kana jedhee booda qubasaan walakkaa hancufichaa rukutee facaase. Hancufichi yeroo rukutamu gara harka bitaasaatti facaanaan, ijoolleen hiriyyootasaa “as bu’e, as bu’e jechuudha” jechaa barbaachaaf kallattii sanarra barbaachaaf gad tata’an. Yeroo hancufi

kallattii wayiitti faca'u "achi bu'e, achi jira" jecha mucaan/mucayyoon waa jalaa bade sana gargaaranii barbaadu. Kanaaf waa bu'ee baduun taphichaaf sababa ta'a jechuudha. Barbaacha baay'ee booda Toofiq margaa harkaan ciree barbaadaa jiru keessaa argee "kunooti" jedhe. Saantimni bade akkasiin argamee Abdoon fudhate.

As keessatti barbaacha saantima badee sinbirroo kallattii inni itti badee inagarsiisti jedhanii amanuun sinbirroo tumsa gaafatan. Kanaaf kallattii hancufni sun itti faca'e sinbirrootu qajeelche jedhanii waan amananiif saamtimichi achi jiraachuu amananii xiyyeeffannoo marga ciraa barbaadan. Amantaa kun saantimichi akka jiru yookaan dhabamuu hindandeenye amananii xiyyeeffatanii akka barbaadan taasise. Kanaaf taphni kun ijoolleen utuu abdii hinkutatin xiyyeeffannoo waan akka hojjetan taasisa jechuudha.

Taphni kun ijoolleen walitti dhufeenya waliin qabaatan keessatti rakkoo nama tokko mudatu furuuf bifa taphaan walii wajjin haala isaan itti furan akka jiru agarsiisa. Karaa biraatiin, hariiroo waliin qaban keessatti adeemsi rakkoo mudate waliin furuu haala taphni keessatti adeemfimu keessaa tokko jechuudha.

Heerumee

Heerumeen tapha ijoolleen dubaraa laga qoraanitti walii isaanii wajjin taphataniidha. Ijoolleen dubaraa akka qe'ee jireenyaafi umrii walitti dhihaataniin wal waamanii afaan galgalaa funyoofi qottoo fudhatanii laga bu'anii funaanu. Adeemsa qoraan funaanuuf walwaamanii lagatti deddeebi'uu keessa walitti dhufeenyi isaanii guddachaa deemee gulantaa addooyyeerra ga'a. Addooyyee hiriyyummaa ijoollee durbaa jaalala cimaan masakamuudha. Adooyyeen qoraan waliin funaanuun garasitti iccitiifi tapha baay'ee waliin qooddatu.

Taphni heerumee jedhamu kun raammoo/ilbisa heerumee jedhamtee beekamtu fayyadamuun addooyyeen kan waliin taphataniidha. Raammoon kun eegee kan qabduufi eegeeshee ofirra naannessitee kallattii wayii akeekuun dhaabuun beekamti. Afgaaffii gaafa 10/08/2013 magaalaa Najjootti B/stuu Margituu waliin taasiseen ijoolleen dubaraa yeroo laga qoraattii waliin taphatan tapha isaan taphatan keessa tokko heerumee akka ta'e odeeffadhe. Akka ragaa argadheetti tapha kana keessatti adooyyeen laga qoraaniitti raammoo heerumee jedhatuu kana qabanii dabaree dabareen barruu isaanirra kaa'anii "heerume heerume eessattin heeruma" jedhanii gaafataanii barruu isaanii

heerumeen irra jirtu fuula isaanii duratti hiixatanii olqabu. Yeroo isheen eegeeshee naannessuu jalqabdu hundi isaanii walitti naanna'anii ilaalu. Achii booda eegeeshee naannessitee naannessitee qajeelchitee kallatti ta'e tokkotti yemmuu isheen qabdu, kallattii eegeen ishee agarsiisuun ganda yookaan qoomoo jiru waamanii achitti heerumta jedhanii kolfu. Bifuma kanaa hundi isaanii dabaree dabaree gaafatatu.

Ragaa kanarraa wanti hubatamu, miirri intalli kallattii heerumaa gaafatatte sun kan heerumeen mul'isteef bakka yookaan qomoo isheen itti heerumuu barbaaddu ta'uufi dhiisurratti hundaa'a. Hiriyyootni waliin jiran hundi dabareen miira waliin isaanii kanatti bashannanu. Kanaaf, taphni kun kan shamarraan dhimma isaanii ilaallatu sodaa malee walii isaaniif itti qoodan, fedhiisaanii of sakatta'aniifi wal sakatta'an, akkasumas wal qeeqan, wal gorsaniifi wal qajeelchaniidha. Kana jechuun, dhimmi saalaa yookaan dubartummaa haala tapha ijoollee keessaa tokko jechuudha.

Walitti Dhufeenya Ijoolleefi Ga'eeyyii Gidduutti Uumamu

Adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti ijoolleefi ga'eeyyii walitti dhufeenya cimaa qabaatu. Akka maatii, firaafi hawaasaa waliigalaatti ga'eeyyiin ijoollee wajjin guyyuu hariiroo uumu. Hariiroon kunimmoo haalleen ijoolleen tapha keessatti taphachuu danda'an keessaa tokko. Taphoota haaleen akkasii keessatti taphataman keessatti ga'eeyyiin irra caalaa gaaffii ijoolleen kan hirmaatan yoo ta'eyyuu, altokko tokkommoo tapha ijoolleen taphataniin hawwatamanii yookaan haala deemaa jiruun tapha ofii beekan yaadatanii ijoolleen akka taphatan yaadanii ijoollee waliin taphatti seenuu danda'u. Taphoonni hariiroo ijoolleefi ga'eeyyii keessatti taphataman akka kanaa gadiitti xiinxalamaniiru.

Oduu durii

Oduun durii tapha ijoolleen ga'eeyyiirraa dhagaa'an keessa isa hangafa. Ga'eeyyiin oduu durii gaaffii ijoolleetiin itti himuu danda'u. Marii garee gaafa 25/11/2013 aanaa Waayyuu Tuqaatti maanguddootaafi maatii ijoollee waliin taasiseen, ijoolleen oduu durii dhaga'uu akka baay'ee jaallataniifi maatii isaanii akka itti himaniif akka muddan hubadhe. Marii kana keessatti Aadde Xajjeen "ijoollee oduu durii galgala galgala akkoofi akaakkayyuu isaanii, jaarsolii naannoo isaaniirraa lafa tikaatti, gaaddisa jalatti taa'aanii dhaggeeffatu. Ijoolleen maanguddoota hinsodaatan; ingaafatu. Maanguddoonnis ijoolleetti mukuu ba'u" jedhan. Kun

ijoolleefi maanguddoon walitti dhufeenya cimaa akka qabaniidha. Sababiin isaas maanguddoonni hojii keessatti baay'ee qooda waan hinfudhanneef, ijoolleef yeroo kennuuf hinrakkatan. Kana malees, hojiirraa soorama ba'aa waan jiranii yeroo taa'an inmukaa'u. Kanaaf, ijoolleef ofii butanii mukuu itti ba'u. Muuxannoo, yaadannoofi beekumsa isaanii itti himanii milkiifi gaabbii isaanii baafatu. Karaa biraatiinis akka ilaalcha Oromoo Maccaatti ijoollee akaakayyuu isaanii wajjin hiriyyaadha. Kunis walitti dhufeenya ijoolleefi maanguttootaa wantoota cimsan keessaa tokko.

Abbaafi haati ijoollee yookaan ga'eeyyiin kan biroo maatii ijoollee keessa jiraatanis gaaffii ijoolleetiin yookaan haala uumamu yookaan taatee mudaturratti hundaa'uun yeroo boqonnaa isaanii keessumaa galgala galgala oduu durii ijoolleetti inhimu. Yeroo isaanii walitti isaaniitti himanis oduu isaan walitti himanitti hawwatamanii yookaan dogoggorri qabiyyee isaarratti itti mul'atee sirreessuuf yaadanii yookaan oduu durii walfakkaatuu yaadatanii himuuf hajamanii itti hirmaachuu danda'u. Dhimma kana daawwannaa yeroo adda addaatti bakkeen ragaa keessaa sassaabe keessatti yeroo taphaa maatii keessatti galgala galgala ijoolleen qabaatan taasiseen hubadheera.

Kana malees, ga'eeyyiin keessayyuu maatiin ijoollee gocha badaa ijoollerratti yemmuu argan bifa oduu duriitiin tapha fakkeessanii akka sirrataniif itti himu. Ragaan daawwannaa gaafa 23/10/2013 galgala magaalaa Haratoo mana obbo Fiqaaduu Wayyeessaatti taasise ijoo kana agarsiisa. Ijoolleen isaanii Caalchisaafi Mootii jedhaman guyyaa gaafasii wal lolanii mataan Mootii buruquusaa obbo Fiqaaduu dhaga'anii maalirratti akka ta'e gaafatan. Caalchisaan miira sodaa keessa ta'ee "inni ijoollee namaa lollaan dhiisi ittiin jennan dide. Inni didnaan humnaan qabee galchuuf jennaan anaanis ulee baatee jiruu ala lama dugda koo keessa na rukute. Ammas ijoollee loluuf achi deebinaan kottu deebi'i jedhee ulee itti darbannaan mataasaa dhahe" jedhe. Mootinimmoo dabarseesaa "insoba isaanii wajjin ta'ee na lole malee dhiisi hinjenne. Isaanirra goree na rukunnaan rukutee baqadhe. Utuun baqadhee manatti galaa jiruu darbatee na burruqse" jedhe.

Kana dhaggeeffatanii Obbo Fiqaaduu "saree walnyaattu bineensa hinnyaattu jedhan" jedhanii erga mammaakanii booda. "Ilaa ijoolleeko isin ijoollee ormaarra gortanii walburuqsitu. Walis hinjaallattan. Maal akka isin godhus nan wallaale. Ilmaan masaanuu fakkaattuu" erga jedhanii takka callisanii isaan ilaalanii

booda “Oduu durii tokkotu jira; mee na dhaggeeffadhaa isinitti himaa” jedhanii oduu durii tokko akka kana gadiitti itti himuu jalqaban.

> *Namicha tokko ijoollee walii hingalle, yeroo hunda wallolan, qaba ture. Isa ijoolleensaa wallolan kana baay’ee aara ture. Maal gochuun akka irra jiru yaadee guyyaa tokko balbala mana isaa dura taa’ee hunda isaanii ofitti waame. Yeroo isaan dhufan dhaqaatii ulee babbareedduushee tokko tokko fidaa kottaa jedheen. Isaanis akkuma ajajamanitti dhaqanii tokko tokko fidanii dhufan. Yeroo isaan fidanii dhufan ilmasaa isa guddaadhaan ulee fidde kana caccabsii gati jedheen. Gurbaanis bakka baay’eetti caccabsee darbatee gate. Ammas mucaa isa isatti aanee dhalaterraa jalqabee hanga isa quxusuutti hunda isaaniin caccabsaa gataa jennaan hundi isaanii caccabsanii gatan. Erga hundi isaanii caccabsanii gatanii booda, ammas dhaqaatii ulee tokko tokko fidadhaa kottaa jedheen. Isaanis yeroo lammataaf dhaqanii ulee tokko tokko fidatanii dhufan. Ammas ilma isa hangafaa waamee ulee kana hundasaa walitti qabiitii iddoo tokkotti hidhi jedhe. Innis walitti qabee bakka tokkotti hidhe. Achii booddee mucaa isa quxusuu waamee fuudhii cabsi jedhe. Mucaan olqabee gadi qabnaan akka isa silaa cabuu dide. Jedhi yaali jedhe abbaan. Ta’us mucaan cabsuu hindandeenye. Inni dadhabnaan mucaa isa isa dursee dhalatetti akka kennu godhe. Inni cabsuuf sukkuumee dadhabe. Haaluma kanaan hunda isaanitti ulee walitti hidhamanii jiran kana kenninaan cabsuu dadhaban. Achumaan argitanii ijoolleekoo ulee kana tokkoo tokkoshee salphaatti caccabsitanii hurraa gootanii gattan. Ulee walitti qabamee jabaatee hidhame garuu dabaree itti waljijjiirtanii olyaaltanii gadi yaaltanii hoomaa gochuu dadhabdanii dhiistani. Kanaaf yoo waljaallattan, walii galtan, walqabattanii tokko taatan hoomtuu isin hindanda’u, isin sodaata. Yoo waljibbitanii gargar taatanii facaatan garuu abbaa fedhetu isin dhaana, isin miidha jedheen jedhama.*

Kanarra ga’eeyyiin, akkuma yaadxinni fayyadamummaa ibsutti, yeroo ijoollee wajjin taa’an amala fi gocha ijoollee “badaadha jedhanii” yaadan yoo isaan

mudate barsiisuuf/qajeelchuuf oduu duriitti fayyadamuu akka danda'antu hubatama jechuudha.

Hantuutee

Ga'eeyyiin gochaalee ijoolleen raawwachuuf sodaataniifi hinhinraawwatin hafan egeree isaanirratti dhiibbaa qabu taphaan qabanii akkasaan raawwatan taasisu. Fakkeenyaaf, ijoolleen umriin isaanii ga'ee yemmuu ilkaansaanii buqqa'uuf raafamutti, dhukkubbiisaa sodaatanii hinbuqqifatin akka hinhafneef ga'eeyyii mala ittiin onnachiisan qabu. Hinbuqqifatin yoo hafan ilkaan kan biraan jalatti biqilee waan jalaa fokkisiisuuf jechuudha. Malli kunis ilkaan bareedaa simbirroo yookaan hantuutarraa argattaa jedhanii sossobuudha.

Ragaan marii garee aanaa Giddaa Ayyaanaa ganda Ejereetti gaafa 07/03/2013 taasisee dhimma kana agarsiiseera. Marii kanarratti Obbo Dheeressaa Raggaasaa akkamitti ijoolleen ilkaan sodaa malee akkuma raafameen akka buqqifattu akka godhan akka kanaa gadiitti ibsan. Kunis kallattii fayyadamummaan jedhuun taphichi ijoollee ilkaan buqqifachuu sodaatanii ilkaan isaanii walirratti akka hinbiqillee gochuuf ga'eeyyiin kan itti fayyadamaniidha.

Ijoolleen umriinshee ga'ee ilkaan buqqa'uuf yeroo sirriitti raafamu, akkuma qaqqabanitti yookaan dhaga'anitti maatii ilkaan ijoollee ganama yookaan galagala buqqisuufii danda'u. Akka ijoolleen hinsodaanneef, yoo buqqifatan ilkaan isa bareedaafi jabaataa sinbirroorraa yookaan hantuutarraa akka geeddaratan itti himanii amansiisu. Kanaf ganama kan buqqifatu sinbirroorraa akka geeddaratu, kan galgala buqqifatunimmoo hantuutarraa akka geeddaratu itti himu. Mucaan/mucayyoon sun ganama kan buqqifatu/tu yoo ta'e, ilkaanichi guutuu manaarratti oldarbachaa "simbirroo, yaa simbirroo kottuu ilkaankoo isa bareedaa fudhadhuu kankee isa fokkisaa naa kenni" jedha/tti. Yoo galgala ta'emmoo ilkaanicha siree jalatti darbachuun "hantuutee, yaa hantuutaa kottuu ilkaankoo isa bareedaa fudhadhuu kankee isa fokkisaa naa kenni" jedha/tti.

Hantuutaafi sinbirroon ganamaafi galgalatti filatamuun yaadxina galumsaa fuuleffachuun yemmuu xiinxalamu, ijoolleen sinbirroofi hantuutaan ilkaankoo isa bareedaa fudhadhuu kankee isa

fokkisaa naakenni kan jedhaniif, sinbirroo yookaan haantuta sana gowwoomsanii isa ga'eeyyii ilkaan jabaataafi bareedaa qabu ittiin jedhan sana harkaa fudhachuufi. Kanaaf, akka yaada/amantaa ijoolleetti sinbirroofi hantuutis ilkaan bareedaa kan ijoollee fudhachuuf yaadanii kan ofii isaanii kennu jechuudha. Guutuu manarraa yookaan siree jala buusuun kan barbaachiseefimmoo, ijoolleen sinbirroofi hantuuta kana eeganii dhabanii maatii sobdu akka hintaasisneef jedhamee yaadameeti. Dhokatanii dhufanii fudhatu jedhama. Kanaaf bakka yeroosaan dhufan hinargamnetti gatama jechuudha.

Wal'aansoo

Wal'aansoon tapha ijoolleen cimdii cimdiin ta'uun humnaan walqabanii walkuffisuu yaaaluun taphataniidha. Tapha kana ijoollee dhiiraatu bakkeen taphaa addaa, bakkeen horii tiksaniif eeguu eegan fa'itti taphata. Ga'eeyyiinis yeroo tokko tokko tapha ijoolleen taphatan daawwachuun nibashannanu. Haaluma kanaan, yeroo boqonnaa isaanii bakka ijoolleen itti walga'an deemanii wal'aansoo akka walqaban gochuun itti bohaaru. Adoolessa 15, 2013 aanaa Waayyuu Tuqaa ganda Burqaa Baabbuu keessatti ijoollee horii walitti yaafatanii tiksan utuu daawwachaa jiruu Addisuu dargageessi jedhamu dhufee ijoollee walari'anii taphachaa jiraaniin "*ijoollee maal hudduu darbattu horii gara margaa hingeessitanii?"* jedhe. Ijoollee walga'anii "*kunoo dheedaa jiru mitii?*" jedhan. Akkaataan dhufaatii isaa ijoollee waliin maal akkan hojjedhu hubachuu waan barbaade fakkaata. Yeroon kana argun nagaa gaafadhee eenyummaakoofi maal hojjechaa akka jiru itti himee walbare.

Achumaan ijoolleerraa xiqqoo siqee taa'ee ka'ee gara ijoolleetti deemee "*kottaamee as garakoo*" jedhee ijoollee waamnaan ijoolleen garasaa dhaqan. "*Daanyeefi Eebbaan as dhaabbadhaa*" jedhee gidduu isaaniitti fageenya akka meetira tokko ta'u hambisee walitti garagalchee dhaabe. Achii booda gidduu isaaniitti lafatti hancufa guddaa akka mul'atutti tufee "*abba kana balleessu*" jedhee irraa siqe. Achumaan Eebbaan ariifatee hancuficharra ejjetee lafatti sukkume. Yeroo Eebbaan hancuficha balleessu Addisuun gara Daanyee ilaalee "*utuu ati sodaattee dhaabbattee ilaaltuu lafatti si sukkume, dhiira miti ati? Amma sodaattee galtaagaa*" jedhe. Ijoolleen dhaabatanii jiranis "*abba mo'u abbaa mo'u*" jedhanii dubbii ho'isnaan Daanyeen utaalee Eebbaa qabate. Achumaan wal'aansoo walqabuu jalqaban. Gamaafi gamanatti waldarbatanii walkuffisanii lafa walgangalchan. Ijoolleen dhaabbatanii ilaalaniifi Addisuu ilaalanii

kolfanii gaggabu. Ergan isaan baay'ee walgangalchanii booda Addisuun gargar qabee amma akkasumatti lama lamaan ijoollee wal lolchiisuun akka taphatan gochuu itti fufe. Maaliif akka akkas godhe Addisuu gaafadheen ture. Innis wal'aansoo yoo walqaban yoo taphatan ijoolleen akka jabaataniifi jagnooman natti hime. Kana malees, hojii keessa oolanii yoo dadhaban gara dirreetti ba'anii ijoollee horii tiksan to'achaa tapha isaan taphan yookaan taphachiisanii bashannanaa akka boqotanis natti hime. Kanaaf ga'eeyyii itti yaadanii ijoollee tapha ofii barbaadan taphachiisu danda'u jechuudha.

Walitti Dhufeenya Sababa Hojiin ijoollee Gidduutti Uumamu

Ijoolleen Oromoo Maccaa taphaan alatti jiruufi jireenya keessatti qooda adda addaa akka ba'atan dirqsiifama. Dirqama kana ba'achuu keessatti tapha akka hojii isaaniitti waan ilaalaniif hindagatani. Hojiin akka dirqamaatti ga'eeyyiin itti kenname akka dhimma sadarkaa lammaffaatti fudhatu. Ijoolleen qofaasaanii ta'uurra waliin ta'uu filatu. Yoo namni amala akkasii hinqabne, hiriyyoota isaa wajjin taphachuu hinjaallanne yookaan mana taa'uu jaallatu jiraate niqeequ niarrabsus.

Daawwannaa gaafa 01/10/2013 aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuutti laga Alaltuutti tapha loosoo, ijoolleen bakka horii tiksanitti taphataa turan yemmuun daawwadhutti mucaan Midhegsaa jedhamu "nan gala kana caalaa hinturu, manaa nadheekkamu" jedhee deemuuf karaa buunaan ijoolleen taphachaa jiran hundi walfaana, "golee golumatti, udaan golumatti, fincaan golumatti" jedhanii sagalee olkaasanii yemmuu itti wacan ofirra deebi'ee isaanitti makamee taphachuu jalqabe. Kunis, qofatti galee fedha maatiisaa tajaajiluun arrabsoo fudhachuurraa, hiriyyoota isaa wajjin turee taphatee adabbii gama maatiin itti dhufu fudhachuu filachuu agarsiisa. Ijoollee jaallatanii walitti akkuma dhufan dirqisiisanii walitti dhufeenya keessa akka waltursaniifis kun agarsiistuudha.

Kanaaf, hojiilee akka hojjetaniif itti kennamu kana ba'achaa wal waamanii yookaan hojichi walitti isaan fidee waliin taphatu. Mucaan tokko maatii isaan hojii wayii akka hojjetu yoo ajajame hiriyyoota isaa waammatee yookaan hiriyyootni isaa isaa wajjin ta'uu barbaadanii wajjin hojjechuu danda'a. Yookaanimmoo hojichumti mataasaan ijoollee walitti fiduu danda'a; fakkeenyaaf mana barnootaatti ijoollee maatii adda addaafi bakkeen adda addatti walitti dhufanii waliin baratu.

Yookaanimmoo bakka itti ijoolleen hojii ofii ofiisaanii hojjetan walitti dhihaatee ijoolleen walitti dhufanii yookaan walirraa fagaatanii waliin taphachuu danda'u; fakkeenyaaf bakki horii tiksaniifi midhaan eegan walitti dhihaachuun haala akkasii uumuufii danda'a.

Hojiilee kana hojjechuuf walitti dhufuun taphaaf haala isaanii mijeessa jechuudha. Hojiileen walitti dhufeenya ijoolleef sababa ta'uun taphaaf haala mijeessanis barumsa, horii tika, midhaan eeguufi qoraan funaanuu fa'i. Taphoota haalleen kana keessatti taphatamanis akka kanaa gadiitti xiinxaleera.

Ijoollee Midhaan Waliin Eegan

Midhaan qotamu bineensotaafi horiin akka hinmancaaneef waqtiilee facaasaafi bilchinaatti ni eegamu. Ijoolleen bakka midhaan eeganitti akka walitti dhiheenya lafa midhaan eeganiin yeroo bineensi yookaan horiin midhaan miidhan hinjirretti walitti dhufanii bakka tokkotti taphatu. Kana malees, bakkuma midhaan ofii eegan taa'aniis bakka bakkaa sagalee olkaasanii bifa faaruun yookaan qoosaan walarrabsaa taphachuu danda'u. Ijoolleen walii isaanii wajjin taphachuun alatti bineensa eegaa jiranitti bifa dubbachuutiin taphachuu danda'u. Fakkeenyaaf, gaafa 05/06/2013 aanaa Gachii ganda Golee Qorraatti ijoollee Jibriiliifi Abdoon gamaafi gamana dhaabbatanii akkaataa eeguu isaanii faaruu kanaan gadiin walqeeqan turan.

Jibriil: Abdoo gannootee qalameen sijalaan gad lootee
Agadaafi Boqolloo Oromee xab goote
Abdoo: Jiboo dullattii qalameen gamakeen mul'atti
Adda keetti ejjettee funyaan keetti ejjettee
Agadaafi boqolloo cuffatti

Faaruu qeeqaa kanarraa wanti hubatamu tokko arrabsoon miira keessa wal galchanii akka waldubbachiisaniif deebii walii kennaniidha. Jibriil Abdoon gannootee yoo jedhu dubartii jechuusaati. Hawaasa kana keessatti dubartiin faallaa dhiiraa akka gootaatti fudhatamuutti waan ilaalamtuuf "ati dabeessa yookaan lugna" jechuusaati. Waan akkas ta'eefis qamalee isa bira yaatee midhaan akka fixxeefi hojiisaa akka sirnaan hinba'iin itti hima. Abdoon immoo deebisee Jibriliin sadoon waamee "rakkoon ati jettu kun gamakoo hinjiru, qamaleen gamakee jirti, ati humna waan hinqabneef si hinsodaattu" jedhani. Kanas amala dubartummaa inni kenneefitti dulluma dabalee dubartii dulloomtuu ta'uusaa itti himee laafinasaa kanarraa kanka'e qamalee akka isa hinbaqanneef utuunni jiruu midhaan dhuma akka jiru isa qeeqa.

Sagalee olkaasanii akkasiin yeroo gamaa gamanatti walqeeqan amala yaraa, dabumaafi hojii ofii akkaan ba'uu dhabuu, balaaleffataa deemu; mukuus walbaasu. Kunimmoo hojii isaanii dammaqinaan akka hojjetan isaan gargaara. Sagalee olkaasaanii weeddisuu isaaniin qamaleeniifi bineensonni kan biraa midhaan mancaa'anis jiraachuu isaanii waan beekaniif achi hindhihaatani. Gidduu gidduuttimmoo walii isaanii dhiisanii weedduun qofaa isaanii jaldeessa yookaan qalameettis akka kanaa gadiitti dubbataa turan. Jibriil qofaa isaa utuu boqolloo eeguu akka kanaa gadiitti weeddisaa ture.

Qalamee laalooyee
Abbaankee laalooyee
Haatikee laalooyee
Ati eessaa baateeyee
Kan garaan jaalooyee
Jaaloo jaldeessaayee
Atoo fixxeettaayee
Ani maalan eegayee?

Faaruu kana jaldeessa fuulleetti bosona keessatti yemmuu argu, kaninni dura nyaateef komata. Kana gochuun jaldeessi dhaga'ee gara laafaaf yookaan deebii kennaaf osoo hintaane, Jibriil akka waan jaldeessichaitti dubbachaa jiruutti ilaalaa sochiisaarratti xiyyeeffatee akkanni dagachiisee midhaan hinseenne gochuufi.

Ijoollee Horii Waliin Tiksan

Jiruufi jireenya isaa geggeeffachuuf hojiiwwan Oromoon Maccaa hojjetu keeessaa tokko horii horsiisuudha. Horiiwwan kunis horii gaanfaa, bushaa'eefi kutte dudaa jedhamuun bakka sadiitti qoodamu. Horiin gaanfaa loon. Bushaa'een re'eefi hoolaadha. Kotte duudaanimmoo harree, gaangeefi farda. Horiiwwan kunis tajaajila ofii ofiisaanii qabu. Tajaajila kan irraa argachuufi immoo eegumsaafi kunuunsa isaan barbaachisa. Horiiwwan kan eeguun yookaan tiksuun gara caaluu ga'ee ijoolleeti.

Horiin irra caalaa qe'eerraa siqfamanii bakka midhaan qotamee hinjirre tikfamu. Bakki dheedicha horii kun namootni dhuunfaa isaaniitti maasii ofiirraa kan hambifatan yookaanimmoo bakka tikaa yookaan kaloo kan waloo ta'ee ta'uu danda'a. ijoolleen yeroo bakkeen kanatti horii yaasanii tiksan horii eegaa tapha isaanii taphatu. Bakka tikaatti ijoolleen bakka waliin tiksanitti yookaan fageenyarraa walitti dhufuun taphatu. Kopha kophaas taphachuu danda'u. Taphoota haalleen kana keessatti taphataman akka kanaa gadiitti xiinxaleera.

Haadha Walee

Tapha 'Haadha Walee' jedhamu ijoolleen yeroo horii tiksan horii isaanii kalootti

naqatanii walitti yaa'anii taphatu. Daawwannaa gaafa 03/10/2013 aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuutti laga Alaltuutti ijoolleen horii tiksan tapha kana yeroo taphatan hordofeera. Tapha kana keessatti mucaan tokko ijoollee warra kaan "Haadha Walee" jedhee wal faana isaan waame gaaffii gaafata. Isaanis gareen "waleensuu" jedhanii awwaatanii gaaffiisaa deebisu. Dhumarratti gaaffii mucaan gaafatuuf deebii arrabsoo ta'e kennuu. Achii booda jara ari'uu jalqaba. Ariisaa kana keessa warri qabamuu didanii miliqanii yookaan harkaa ba'anii dhufanii manasaa galan "golakee balleessoo" jedhanii utaalanii sirbu. Kan qabamemmoo dabareesaa Haadha Walee ta'a. Gaaffiifi deebiin sunis akka kanaa gadiiti.

Mucaa tokko: Haadha Walee
Garee ijoollee: Waleensuu
Mucaa tokko: aayyoon maal deesse?
Garee ijoollee; ilma
Mucaa tokko: anaaf maal keesse?
Garee ijoollee: rirma
Mucaa tokkicha: eessaan ba'ee dhufu?
Garee ijoollee: ashuffee gaaraa
suma kan munneen daaraa
karaa boolla mixii
addaan lafa lixii (kana booda arrabsamuusaatiin aaree ari'uu jalqaba mucaan gaaffii gaafachaa jiru)

Taphni kun waliin dubbii namni tokko garee waliin taasisuu ta'ee bifa walaloo kanqabuudha. Mucaan gaaffii gaafatu akka miseensa maatii keessa tokkoo ta'ee qara turee dhufee maatiitti makamuuf deemuutti fakkeeffama. Ijoollee warri gaafatamanimmoo miseensota maatii qe'ee jiraniif waa'ee maatiisaanii odeeffaannoo guutuu qabaniidha. Mana jiraachuu isaaniin akka isa caalaa aantummaa maatiif qabaniitti of himuun odeeffaannoo duraa dabsanii (qoodni isaaf hafe rirma akka ta'etti itti himu)fi arrabsanii miira keessa galchu. Kana malees, sochii adda addaan (itti utaaluu, uleen yookaan waan biraan tumachuufa'iin) miira keessa galchu. Kanarraan kaka'ee ari'ee qabuuf fiiga. Yoo qabe ni adaba. Namni qabame bakkasaa bu'ee orma ta'ee arrabsama. Warranni qabuu dadhabeefi utuunni warra kaan duukaa fiiguu miliqanii bakkasaa qabatan golakee/qe'ee mancaasne jedhanii ittumaa aarsu. Yoo nama tokkoyyuu qabachuu dadhabe ammas ormummaan ala dhaabbatee isaan dubbisa jechuudha.

Taphni maatiirraa fagaachuun dhiibbaa inni qabuufi deebi'anii makamuun dadhabbii cimaa akka qabu agarsiisa. Kanaaf, ijoolleen bakka horii tiksanitti walitti dhufeenya isaanii fageessaniifi dhiheessanii ilaaluun hariiroo maatiifi

hawaasa keessa jiru akkeessuun haalli isaan itti taphatan nijira jechuudha.

Cirrii Adamsuu

Cirriin sinbira ilkaan diimaa qabduufi bakka horii deedhuufi ciisutti irra qubachuun ilkaaniin wawwaraantee dhiiga isaanii dhugduudha. Ijoolleen horii tiksan cirrii kana ajjeesuuf adamsaa oolu. Cirrii kan adamsan ijoollee dhiiraati. Waliinis gareenis adamsuu danda'u. Daawwannaa aanaa Waayyuu Tuqaa ganda Burqaa Baabbuu bakka tikaatti Adoolessa15, 2013 taasiseen ijoolleen cirrii utuu adamsanii argeera. Maaliif akkasaan cirrii kana ari'an gaafannan mucaan Magarsaa jedhamu "durba bareedduu fuudhuf" naan jedhe. Akkamiin durba bareedduu fuuta jennaan "yoo cirrii ajjeefte durbatu sijaallata; gaafa fuudha geeessu durbi bareedduun kamiyyuu sitti heerumuu filatti" naan jedhe. Eenyutu sitti hime jedhee gaafannaan "akaakayyuu kootu natti hime" naan jedhe.

Tapha kanarraa wanti hubatamu bakka tikaatti taphni ijoollee taphatan hojichaa wajjin akka walqabatuudha. Kana keessaas harki ga'eeyyii akka jiruudha. Ga'eeyyiin ijoolleen horii margaa gaariitti akka qaban/geessan, bishaan yeroo yeroon akka obaasan, midhaan akka hindheechifneefi lubbu qabeeyyii horii miidhanirraa akka haalaan eegan waan barbaadaniif, taphni isaan taphatan kana akka fuuleffatu barbaadu. Kana gochuufimmoo malleen adda addaa fayyadamu. Ijoolleen akka cirrii adamsuun taphatan gochuun malleen kana keessa isa tokko. Kanaaf, ijoolleen gaafa fuudha ga'an haadha warraa bareeddu/gaarii fuudhuu akka hawwaniifi sanammoo salphaatti argachuuf dhama'uun ijoo tapha kana keessa jiruudha. Kana milkeessuufimmoo cirrii ajjeesuu akka qoricha ta'eetti ijoolleen akka amanan kan godhuufi karaa ga'eeyyiin ijoollee hojii keessatti eegan ta'uutu hubatama. Amantaan sinbirri miidhaa horiirraan geessistu kana ajeessuu waliin walqabatee ijoolleen horatan taphaaf sababa kan ta'uudha jechuudha.

Ijoollee Qoraan Waliin Funaanan

Oromoon Maccaa qoraan akka madda annisaa ittin nyaata bilcheessanitti fayyadamu. Altokko tokkommoo akka madda ifaafi ho'aattis nitajaajila, keesumaa baadiyyaa keessatti. Galgala galgala mana keessatti, godoo keessa bulanii dallaa keessatti halkan horii eegan keessattifi godoo keessa bulanii midhaan bineensarraa eeganitti qoraan bobeessanii naannoo sana ibsuufi qorra ofirraa ari'uuf dhimma itti ba'u. Mana keessatti tajaajila walfakkaataaf olfachuu danda'u. Qoranni tajaajila kana kennu kun bosona naannoo

jiru (laga qoranii jedhanii waamu) cabsama yookaan funaanama. Hojiin qoraan laga cabsuu yookaan bu'uu irra guddaan hojii ijoollee dubaraati. Ijoolleen durbaa afaan galgalaa funyoo/wadaroofi qottoo fudhatanii laga bu'anii qoranii funaanu. Afgaaffiin aanaa Giddaa Ayyaanaatti gaafa 30/02/2013 ijoollee durbaa waliin taasise keessatti gaaffii laga qoraaniitti taphaa akkam akkaamiifaa taphatu jedhee gaafadheef Malkee Wayyeessaa (umrii 13) "utaalchoo funyoofaa taphanna" jette. Erga qoraan funaantaniimoo isa dura taphatu gaaffii jedhuuf Malkeen "erga funaannee funyoo keenyaan qoraan hiina waan ta'eef taphachuu hindandeenyu utuu hinjalqabin taphannee quufnee qoraan coruu jalqabna" jette.

Kanarraa ijoolleen dubaraa laga qoraaniitti meeshaan ittiin hojiisaaniihojjechuuf fudhatanii deeman/funyoo meeshaa taphaa ta'ee isaan gargaara jechuudha. Qoraan funaanuufi lagatti walitti dhufuun ijoollee dubaraa kun yeroo waliin argatanii funyoo isaanii waliiqabanii dabaree dabareen funyoo kanarra utaalaa tapha taphatamuuf haala mijaataadha jechuudha.

Ijoollee Barumsa Waliin Baratan

Mana barumsaa barnootaattii ijoolleen maatii adda addaafi bakkeen addaarra walitti dhufanii walargu. Afgaaffii ijoollee barattoota mana barumsaa Ejeree sadarkaa 1^{ffaa}(aanaa Giddaa), mana barumsaa sadarkaa 1^{ffaa} Ulaa Jimmaa(aanaa Gachii)fi mana barumsaa sadarkaa 1^{ffaa} Burqaa Baabbuu (aanaa Waayyuu Tuqaa) waliin taasiseen mana barumsaatti yeroo boqonnaatti akka taphatan natti himan. Daawwanna ani manneen barnootaa kanneenitti taasises kanuma mirkaneessa.

Kana ilaalchisuun Gougoulis (2003) yoomessi mana barumsaa ijoolleen keessatti taphatan haalleen faallaa lama: seerota dhaabbata barnootaa amala hawaasummaa to'achuuuf tolfameefi dirree ijoolleen walabaan akka taphataniif mijatu keessatti adeemsifama jetti. Dirree taphaatti yeroo boqonnaa yookaan waytii barnootaa akka ispoortii, muuziqaafaatti ijoolleen akka taphan eyyamamaaf. Yeroo kana garuu guutummaatti akka barbaadanitti akka taphataniif hindhiifaman. Akka umrii, guddina qaama isaanii, garee ijaarameefiin yookaan akka saala isaaniin daangeffamanii akka taphatan ta'a. Altokko tokkommoo taphoota barsiisaan/barsiistuu akka taphatanii fidee/dee shaakalsiisu/tu taphatu; keesumaa ijoolleen oolmaa daa'immanii.

Kana malees, utuu barsiisaan/tuu baarsiisuu/tuu kutaa keessatti carraa argataniin akka taphataniifi yeroo tokko

tokkommoo dareetii dhokatanii ba'anii didattis akka taphatan hubadheera. Kana malees, ijoolleen yeroo gara mana barumsaa deemaniifi galan daandiirra taphachaa deemu. Daawwannaa yeroo ijoolleen mana barumsaa deemaniifi galan daandiirratti taasiseen ijoolleen yeroo dhaqan caalaa yeroo galan fiigaa, wacaa, walari'aa, waldhiitaafi walarrabsaa akka deeman hubadheera. Tarii to'annoo ga'eeyyii/barsiisotaa jalaa hiikamanii ba'aa waan jiraniif ta'uu hinoolu. Mana barumsaatti barsiisonnis akka qaama barumsaatti direerratti keesumaa ijoollee oolmaa daa'immanii, kutaa tokkoffaafi lammaffaa nitaphachiisu. Dhimma kana Smithfi Barker (2000a) waldorgommii aangoo (power relation) ijoolleefi ga'eeyyii gidduu jiruutiin walqabsiisanii ibsu. Yeroofi bakki taphaa yoomessa idilee (institutionalized settings) keessatti ijoolleefi ga'eeyyii gidduutti akkaataa taphaa, bakka taphaafi wantoota itti taphatan murteessuuf waldorgommiitu uumama. Ga'eeyyii taphoota isaan taphatan, yeroo ammamiif, eenyu waliiniifi maaliin akka taphachuu qaban yemmuu murteessan ijoolleen immoo sana faalleessanii akka barbaadanitti taphatu yookaan taphachuuf yaalu. Taphoota ijoolleen mana barumsaa keessatti waliin taphatan keessaa kan kanaa gaditti xiinxaleera.

Magariisaa, Magariisaa

Taphni kun ijoolleen baay'atanii tooraan geengoo uumuun naanna'aa kan taphataniidha. Gaafa 11/05/2013 yeroo boqonnaatti ijoollee Mana Barumsaa Gachii Sadarkaa 1ffaa lak. 2fi gaafa 14/05/2013 ijoollee Mana Barumsaa Ulaa Jimmaa tapha kana taphatan daawwachuun ragaa fudhadheera. Taphicha namni/mucaan tokko wiirtuu geengoo sanaa keessa dhaabbatee halluufi lakkoofsaan ajaja kennuun taphachiisa. Namni ajaja sana dammaqinaan dhaggeeffatee hojiirra oolchuu dadhabe qabamee geengoo sana keessa gala. Taphichi hanga ijoolleen hundi qabamanii namni tokko hafutti adeemsifamee dhumarratti namni/mucaan tokkichi hafe mo'achuun geengicha gidduu dhaabbatee dabareesaa taphicha hoggana. Haaluma kanaan mucaan/mucayyoon taphicha geggeessu/itu "magariisa, magariisa" yemmuu jedhu/ttu ijoolleen geengoo uumanii dhaabbataa jiran naanna'uu jalqabu. Yemmuu mucaan/mucayyoon utuu isaan naanna'aa jiranii "diimaa" jedhu/ttummoo naanna'uu dhiisanii dhaabbatu. Namni dhaabbachuu dhiise deemsa itti fufe, gadi taa'e yookaan gadi ciise qabamee gidduu seena. Ammas marsaa itti aanutti toora geengoo sanaan naanna'uun itti fufee yoo keelloon

ajajamemmoo, ijoolleen hunduu utuma naanna'aa jiranii gadi taa'uu qabu. Namni dafee kana gochuu dadhabee deemsa itti fufe, dhaabbate, yookaan gadi ciise qabamee gidduu seena. Mucaan/mucayyoon hogannu/tu sun "adii, adii" yoo jedhe/tte lafa gadi ciciisuu qabu ijoolleen toora geengoorra naanna'aa jiran sun. Kan kana gochuu dhabe ammas qabamee gidduu seena. Ammas mucaan/mucayyoon kun "nama tokko tokkoo" yoo jedhe/tte utuu naanna'aa jiranii qofa qofa dhaabbachuu qabu. Kana gochuun hafee warri nama lama lamaan, sadi sadiin, afur afuriin yookaan shan shaniin yoo walqabatanii dhaabbatan qabamanii keessa seenu. Akkuma kanan lama lamaan, sadii sadiin, afur afuriin yookaan shan shaniin ajajni jedhu yeroo kennamu akka jedhameen warrii wal hinqabatiin geengoo sana keessa seenu jechuudha. Mucaan/mucaayyoon ajaja kennu/itu halluufi lakkoofsa akka ijoolleen itti hinqophoofneef akka barbaade wal keessa waama.

Tapha kana wanti hubatamu ijoolleen haalluufi lakkoofsa daree keessatti waliin barataa turanii yeroo boqonnaa ba'an wantoota waliin barataa turan kan taphatti jijjiiranii akka taphataniidha. Kanaaf, ijoolleen wanta/yaadrimee haaraatti yemmuu saaxilan ba'an tapha taphatan keessatti ijoo godhanii taphatti jijjiiranii waliin taphatu jechuudha.

Goolaba

Taphoonni ijoollee Oromoo Maccaa walitti dhufeenya ijoolleen waliin isaanii wajjin taasisan keessatti taphatama. Ijoolleen galgala galgala keessumaa baadiyaatti wagahanii nitaphatu. Wantootni isaan yeroo dabarfachuuf (waarisiifannaa) nyaatan tapha isaan taphataniif sababa nita'a. Wantoota nyaatan kana walii qoodanii waan nyaataniif hariiroo akka qabaataniifi hariiroo isaanii bifa taphaan akka madaaliifi jabeeffatan taasisa. Ijoolleen Oromoo Maccaa naannoo qe'ee turanii qe'ees ni'eegu. Yeroo qe'ee eegan kana ijoolleen miseensota maatii tokkoo yookaan ollaa walitti dhufanii walii wajjin taphatu. Kunis wantoota naannootti argaman wantoota adda addaa bakka buusuun yookaan tuttuqaa qaamaan walii wajjin taphatu. Yeroo ga'eeyyiin ergaa erganis ijoolleen walwaamaanii daandiirraa taphachaa deemu. Kunis ijoolleeen hojii ga'eeyyiin kennaniif keessatti taphaaf akka haala mijeeffatan agarssisa. Utuu waliin taa'aanii tapha tokko taphachaa jiranii taateen addaa tookaan tasaa, fakkeenyaaf, yoo mucaan tokko dhuufuu dhufe, taateen ta'e kun taphni kan biraan akka jalqabamu yookaan taphatamuuf sababa ta'a. jijjiiramni

yookaan ce'amsi adeemsa uumamaan qaama ijoolleerratti ta'u keessa bifa salphaan dabarsuuf ga'eeyyiin bifa taphaan jajjabeessu. Fakkeenyaaf, ijoolleen ilkaan buqqifachuu akka hinsodaanneef tapha "yaa sinbirroo yookaan ya hantuutee ilkaankoo fudhadhuu kankee naakenni" tapha jedhu taphachiisu. Akkasumas ijoolleen shamarranii miiroota/dhimmoota koorniyaa dubartummaa isaanii waliin walqabatan(filannoo hiriyyss jaalalaa) bifa taphaan waliin isaanii gidduutti qooddatu. Kanaaf, ibsannaan miirota/dhimmoota koorniyaa dubartummaa waliin walqabatan haalleen tapha ijoollee keessatti taphataman keessaa tokko jechuudha.

Hariiroon yookaan walitti dhufeenyi ijoolleefi ga'eeyyii gidduu jirus haalleen taphoonni ijoollee Orommoo Maccaa keessatti taphataman keessaa tokko. Ga'eeyyiin ijoolleen naamusaafi duudhaa hawaasaa, hariiroo hawaasummaa, seexaa. Xiiqii, jaqnummaafi jabeenya qaamaa cimaa ijoolleen akka qabaataniif taphoota gargaaramanii taphachiisaa shaakalsiisu. Taphoonni warreen akka oduu durii, wal'aansoo, walari'oo, hantuuteefaa kanneen ga'eeyyiin ijoollee taphachiisan yookaan waliin taphataniidha. Isaan kunis haalleen taphaa keessaa tokko jechuudha.

Hojiilee ijoolleen jireenya guyyuu keessatti qooddatanii hojjetanis taphoota taphatamaniif ka'umsa yookaan galumsa ta'uun nitajaajilu. Bakkeen midhaan eeguutti ijoolleen midhaan eegaa akkaataa eeguu isaanii taphaan walqeeqaa, bineensota yookan horii midhaan mancaasanirraa komee qaban taphaan ibsatu, haala yookaan sadarkaa midhaan isaan eegan irra jiran taphaan ibsatu. Ijoolleen harii tiksanis marartee horii tiksaniif qaban taphaan mul'isu. Yeroon akka dafee dhiheefii manatti galaniifis tapha taphatan qabu. Horii tiksuuf dirreetti ba'uun mataasaatiiniyyuu taphaaf sababa nita'a. Barnootaaf mana barumsaatti walarguun ijoollee taphaaf haala mijataa ni uuma. Taphoonni akka tooftaa barsiisuufi daddamaqsuutti manneen barnootaatti barsiisonni ijoollee taphachiisan, tapha ijoolleen yeroo boqonnaatti mooraa mana barumsaafi naannoo qe'ee isaaniitti waliin taphataniif ka'umsa ta'uu danda'a. Walumaagalatti taphni ijoollee Oromoo Maccaa haalleen adda addaa keessatti taphatamu.

Galata

Qorannoo kana hojjechuu keessatti ijoollee, maatii ijoolleefi maanguddoota ragaa kennan guddaan galateeffanna. Yuunivarsitiin Wallaggaas maallaqa qorannichaaf barbaachisu waan gumaacheef ni galateeffanna.

Madda Maallaqaa

Qorannicha maallaqaan kan deggere Yuunivarsitii Wallaggaati.

Gahee Barreessitootaa

Barreessaa tokkoffaa/jalqabaa ragaalee sassabbuun xiinxaluun qorannicha kan adeemsiseefi adeemsa maxxaansaa kan raawwache yoo ta'u, barreessitootni lammaffaafi sadaffaanimmoo adeemsa qorannichaa keessatti barreessa tokkoffaa gorsuufi qajeelchuun gumaachaniiru.

Naamusa Qorannoo

Qorannoon kun dhaabbilee, waajjiraaleefi hawaasaa naannoorraa dursa eyyama gaafachuun adeemsifame. Ergan eyyama argadhee booda, hawaasa waliin walbaruufi hariiroo uummachuun isaaniifi ijoollee isaanirraa kabajaafi naamusa barbaadamu eeguun ragaa sassaabbadhe. Ragaan sassaabames ergan xiixalaee booda ragaa isaanirraa argameefi fookloorii hawaasichaa bakka bu'uu akka danda'u irra deebiin raghimtoota waliin mari'adheera.

Ibsa Waa'ee Barreessitootaa

Hundumaa Dabalii, Yuunivarsitii Wallaggaatti barsiisaa Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, yoota'u yeroo ammaa Barnoota Afaaniifi Ogbarruu Oromoon Yuunivarsitii Wallaggaatti digirii sadaffaa barataa jira.

Tadesse Jaleta (Aso. professor), yeroo ammaa Yuunivarsitii Addis Ababaa, Kolleejjii Barnootaafi Qo'annaa Amalaatti Wiirtuu Kunuunsaafi Barnoota Daa'imaniitti Asociate Professor ta'uu tajaajilaa jira.

Waktola Wakjira (As. Professor), Yuunivarsitii Wallaggaa Muummee Afaaniifi Ogbaruu Oromootti barsiisaa, gorsaafi qorataadha.

WABIILEE

Ackerley, J. (2003). "Gender Issues in the Play Ground Rhymes of New Zealand Children: 1993-2003" in Children's Folklore Review Published by the Children's Folklore Section of the American Folklore Society with Support from the English Department at East Carolina University.V. 26. 2003-2004.

Asmerom, Legesse. (1973). *Gada: Three Approaches to the Study of African Society*. London: The Free Press.

Bronner, S. J.(1988).American Children's Folklore. New York: August House Inc,

Chudacoff, H. P. (2007).Children at Play**:** *An American History*. New York and

London. New York University Press.

Dirribii, Damusee. (2009). Ilaalcha Oromoo: Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsaafi Seenaa Oromoo.max. 2ffaa .Mana Maxxansaa D.G. Finfinnee.

Eder, D.(2010).Life Lessons through Story Telling: Children's Explorations of Ethics. Bloomington: Indiana University Press,

Finnegan, R.(1967). Limba Stories and Story-Telling. Oxford: Oxford University Press,

Finnegan, R.(2007). The Oral and Beyond: Doing Things with Words in Africa. Oxford: James Curry

Gosso, Y. (2010). Play in Different Cultures. In Smith.Peter K., Children and Play (pp.80- 98) UK: Blackwell Publishing.

Gougoulis, G. (2003). The Material Culture of Children's Play: Space, Toys and the Commoditization of Childhoodin a Greek Community. PhD dissertation. University College London

James, A. & Prout, A. (1997). Constructing and Reconstructing Childhood: Contemporary Issues in the Sociological Study of Childhood (eds). London & Washington. Falmer Press.

Kuyvenhoven, Jo.(2007). 'What Happens Inside Your Head When You Are Listening to a Story? Children Talk about Their Experience during a Storytelling'. Storytelling, Self, Society: An Interdisciplinary Journal of Storytelling Studies 3, no. 2 : 95–114.

Mechling, J. (1996). "Children's Folklore." In *Folk Groups and Folklore Genres: An Introduction*, edited by Elliott Oring, 91-120. Logan, Utah: Utah State U P.

Norozi, A. S. & Moen, T. (2016). Childhood as a Social Construction. *Journal of Educational and Social Research, Vol. 6 No.2., 75-80.*

Plastow, M.G. (2015).WHAT IS A CHILD? Childhood, Psychoanalysis, and Discourse. New York. Routledge.

Sims, M. C. and Stephens, M. (2005). Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditions. Utah: Utah State University Press.

Tadesse, Jaleta.(2008).'The Gondoro: Folklore as a Mode of Cultural Contact and Means of 103 Coexistence in a Pluralist Society.' Annual Conference on Conflict Prevention, Resolution Management and Transformation in Ethiopia:

Multidimensional Approach, 20- 23 February, Addis Ababa University.

Tadesse, Jaleta.(2011).“Children as Interpreters of Culture: Producing Meanings from Folktales in Southern Ethiopia.” Journal of Folklore Research 48 (3): 269–292.

Tadesse, Jaleta.(2013). Children and Oral Tradition Among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia. Thesis for the degree of Philosophiae.Trondheim. Norwegian University of Science and Technology

Tadesse, Jaleta.(2014).Positive parenting: An ethnographic study of storytelling for socialization of children in Ethiopia. Storytelling, Self, Society 10(2): 15–33.

Tadesse, Jaleta.(2018). The cultural spaces of young children: Care, play and learning patterns in early childhood among the Guji people of Ethiopia. Global Studies of Childhood 2019, Vol. 9(1) 42–55

Tucker, E. (2008). *Children`s Folklore: A Handbook*. New York: Greenwoods Publishing Group.

Tucker, E..(2012). Changing Concepts of Childhood: Children’s Folklore Scholarship since Nineteenth Century. Journal of American Folklore 125(498). 389-410.

Action for the Rights of Children (ARC): Child and Adolescent Development - Revision Version 04/01

The International Planned Parenthood Federation (IPPF). (n.d). what is Childhood and What Do We Mean by ‘Young Person’?

The African Child Policy Forum (ACPF). (December 2013). http://www.africanchildforum.org

The United Nations Convention on the Rights of Child. The children’s Vertion.

World Bank Group. (2004). What is indigenous knowledge? (Online) Available: http://www.worldbank.org/afr/ik/basic.htm (Accessed 22 February 2017).